# Qajeelfama Adeemsawwan Gareewwan Ofiin Of-gargaaruu Bara COVID-19 Keessa Haala Fayyaalessa Ta'een Hoogganuuf Qophaa'e

Konsoortiyeemii Dhaabbilee Adeemsa Ofiin Of-gargaaruu Babl'isani (Koosaap)

**B.A 2012 | Finfinnee, Itiyoophiyaa**

# Seensa

Kaayyoon Garee Ofiin Of-gargaaruu (GOG) dubartoota harka-qal'eeyyii ta'an haala amansiisaa ta'een hiyyummaa keessaa baasuu dha. Adeemsi kun dubartootni kallattii dinagdee, hawwaasummaa fi siyaasaatiin ga'eessoo ta'uun mataasaaniif, maatiisaaniif, akkasumas naannawaa isaaniif jijjiirama amansiisaa akka dhugoomsan isaan dandeessisa. Miseensonni sadarkaalee Garee Ofiin Of-gargaaruu sadan (GOG, Waldaa fi Qindoomina) keessatti hirmaatan qabeenyawwan naannoo isaanii jiru akka sirriitti fayyadamaniif carraan uumameeraaf.

Qindeessummaa miseensota Koosaap jalatti dubartootni 233,000 ta'an gareewwan 12,000 keessatti hirmaachaa jiru. Dubartootni GOG keessatti hirmaatan qusannoo torbanii fi qarshii garee isaaniirraa liqeeffataniin hojii daldalaa addaddaa keessatti hirmaachuudhaan jijjiirama dinagdee dhugoomsataniiru. Kanarraa kan ka'e, miseensotni garee nyaata fooyya'aa nyaachuuf, daa'imman isaaniis gara Mana Barumsaatti galfachuuf danda'aniiru. Dabalatas, miseensonni GOG hirmaannaa maatiisaanii fi hawwaasa keessatti qaban cimsuudhaan kallattii hundaanuu gaheen murtoo kennuu isaanii gabbifataniiru. Dubartootni kun Waldaalee keessattis ammatamuun sochiilee naannoo fi hawwaasa isaanii jireenyaaf mijooftuu taasisu raawwachaa jiru.

Tibbana ejjennoowwan Vaayirasii Koronaa to'achuuf fudhatamaa jiran irraan kan ka'e sochii gareewwan irratti dhiibbaa cimaatu irra gaheera. Walgahii torbanii, qusannoo, hojiiwwan galii galchuuf hojjetaman hundi bara kanatti gufuu cimaatu isaan mudateera. Dabalatas, miseensotni garee galiiwwan guyyaa guyyaatti argachaa turan duraa hir'ateera. Kanaafuu, qaamoleen GOG keessa jiran hundi qindoominaan hojjechuudhaan waliin ta'anii bara rakkinaa kana keessa ce'uu qabu.

## Kaayyoo Qajeelfamichaa

Hiyyummaa balleessuudhaan jireenya hawwaasummaa fooyyessuuf carraaquu keessatti gumaachi gareewwanii cimaa dha; fakkeenya jabinaatis. Jaarmiyaaleen kun naannoo isaaniitti jijjiirama qabatamaa fiduudhaan beekamu; qaamolee misoomaa addaddaa waliinis walitti-dhufeenya gaarii qabu; akkasumas qabeenya naannoo isaanii jiru misooma bu'uuraaf oolchuudhaan rakkina hawwaasaa furuutiin muuxannoo hedduu qabu.

Dhibee COVID-19 waliin wal-qabatee haala jiruu fi jireenya hawwaasaa irratti dhiibbaa cimaatu gahe; ji'oota fuula-dura keenya jiran keessas haaluma wal-fakkaatuun dhibeen kun akka itti fufu dhaabni fayyaa addunyaa ibseera. Kanaafuu, qaamoleen jaarmiyaalee garee dubartootaa waliin hojjetan hundi akka hojjetaa misoomaa tokkootti bara dhibee kana haala kamiin akka keessa hulluuqan karoorfachuu qabu.

Qajeelfamni kun jaarmiyaaleen GOG fi qaamoleen isaan waliin hojjetan bara COVID-19 kana keessa haala fayyaalessa ta'een akka adeemsisuu danda'aniif kallattii agarsiisuuf kan qophaa'e dha.

## Kutaa Tokko: Seera Bu'uuraa

### *Dursa Fayyaaf*

Sochiin jaarmiyaalee GOG kamiyyuu yoggu taasifamu seera fi qajeelfama dhaabbileen fayyaa addunyaa, biyyoolessaa fi naannolee akkasumas qaamoleen dhimmi fayyaa hawwaasaa irratti hojjetan hundi baasan irratti hundaa'uun ta'uu qaba.

## Kutaa Lama: Qaamolee Garee Ofiin Of-gargaaruu Qin-deessaniif Qajeelfama

Dhaabbileen adeemsa GOG qindeessan jaarmiyaalee dubartootaa kanneen bara COVID-19 kana keessatti of-eeggannoo cimaatiin deeggaruutu isaanirraa eegama. Keessumaayyuu, dhaabbileen kunneen qabxiilee armaan gadiitti tarreeffaman raawwachuu qabui:

### *Jaarmiyaalee Garee Ofiin Of-gargaaruu Deeggaruuf Qabatamaadhaan Onnachuu*

- Hooggantootni dhaabichaa (Daarekteroota, qindeessitoota sagantaalee misoomaa) hojjettoota ramaduudhaan, kallattii kennuudhaan fi bajata ramaduudhaan jaarmiyaalee GOG deeggaruu qabu.

- Hojjettootni pirojektii hojiiwwan GOG hoogganuu (haala mijeessitoota qindeessuu, jaarmiyaalee GOG deeggaruu fi hordoffii taasisuu).
- Haala mijeessitootni haala yeroo irratti hundaa'uun jaarmiyaalee garee dubartootaaf deeggarsa fi hordoffii taasisuu qabu.

## *Jaarmiyaaleen Garee Ofiin Of-gargaaruu Karoora COVID-19 Dhandhamatanii Darbuuf Isaan Gargaaru akka Baafatan Gargaaruu*

- Hojiiwwan idilee jaarmiyaalee GOG (walgahii fi qusannoo torbanii, liqa deebisuu, kkf) of-eeggannoo cimaatiin raawwachuuf karoorfachuu.
- Hojjettootni pirojektii fi haala mijeessitootni jaarmniyaalee garee dubartootaaf ega dhiyaataniin booda murtoon dhumaa kan kennamu jaarmiyaalee GOG tiin ta'uu qaba.

## *Jaarmiyaalee Garee Ofiin Of-gargaaruu fi Deeggarsa Sagantaalee COVID-19 Biyyoolessaa*

- Dhaabbileen adeemsa jaarmiyaalee GOG deeggaran hundi waa'ee sagantaalee COVID-19 akka naannoottis ta'e sadarkaa addunyaatti jiran beekuu qabu.
- Jaarmiyaaleen GOG sagantaalee kanarraa akka fayyadamaniif jaarmiyaalee kana beeksisuu fi haala mijeessuun barbaachisa.
- Adeemsa kana keessatti caasaalee Waldaalee fi Qindoominaa gara fuula-duraatti fiduudhaan qaamolee addaddaa waliin quunnamsiisuu.

## *Qaamolee Addaddaa Waliin Qindoominaan Hojjechuu*

- Jaarmiyaalee GOG bara COVID-19 kana keessatti deeggaruuf qaamolee mootummaa, dhuunfaa fi jaarmiyaalee miti-mootummaa waliin qindoominaan hojjechuun barbaachisa.

## *Bakka-bu'oota Jaarmiyaalee Garee Ofiin Of-gargaaruu fi Qabiinsa Odeeffannoowwanii*

- Hojiiwwan GOG keessatti maqeen fi bilbila hojjettoota pirojeektii fi haala mijeessitootaa galmeessanii qabachuu
- Bara COVID-19 keessa qaamaan argamanii gargaaruun yoo dhibellee maqaa fi bilbila bakka-bu'ootaa galmeessanii qabachuudhaan jaarmiyaalee GOG deeggaruun ni danda'ama.

## Kutaa 3- Sochii Jaarmiyaalee Garee Ofiin Of-gargaaruu Of-eeggannoodhaan Guutame

### *Gareewwan Ofiin Of-gargaaruu, Waldaa fi Qindoominni Of-eeggannoowwan Walgahii Dura Gochuu Qaban*

- Nagaa gaafachuuf fagootti harka fuudhuu
- Haguuggii afaani fi funyaanii kaayachuu
- Miseensota jidduutti tarkaanfii (meetira) lama walirraa fagaachuu
- Osoo harka hin qulqulleeffatiin fuula (ija, funyaan, afaan) tuquurraa of-qusachuu.

### *Garee Ofiin Of-gargaaruu Yeroo Walgahii*

- Tarkaanfii (meetira) lama walirraa fagaatanii taa'uu
- Haguuggii afaani fi funyaanii kaayachuu
- Namni tokko qofa, harka qulqulluutiin (dhiqatee) galmeewwan qusannoo fi maqeenii haa galmeessu
- Yeroo qarshiin qusannoon funaanamus namni tokko qofa harka qulqulleeffatee haa raawwatu
- Meeshaalee akka kobbee, kaalkuleetera, galmeewwan, dabtara qusannoo fi kkf. hunda wal-harkaa fuudhuu dhiisuu.

### *Miseensota Garee Ofiin Of-gargaaruu Yoggu Daldala Hojjetan*

- Haguuggii afaani fi funyaanii kaayachuu
- Qarshii fi meeshaalee addaddaa ega tuqaniin booda harka dhiqachuu ykn alkooliidhaan qulqulleeffachuu
- Yoggu maamiltoota keessummeessan qaamaan walirraa fagaachuu.

### *Gaheewwan Garee Ofiin Of-gargaaruu*

- Miseensotni qulqullina matasaani fi kan maatiisaanii eeguu
- Miseensotni daa'imman isaanii of-eeggannoo akka taasisan gorsuu qabu.

### *Waldaalee Yeroo Walgahiitti*

- Yoo xiqqate tarkaanfii (meetira) lama walirraa fagaatanii taa'uu
- Haguuggii afaani fi funyaanii kaayachuu
- Namni tokko qofa harka qulqulluutiin galmeewwan akka qabu fi barreessu gochuu; tuttuqqaa namootaa hir'isuu

### *Gahee Waldaalee*

- Miseensotni GOG dhimmi dhibee COVID-19 irratti hubannoo akka qabaataniif barsiisuu
- Miseensotni GOG meeshaalee qulqullina ittiin eeggatan fi deeggarsawwan addaddaa akka argataniif haala mijeessuu
- COVID-19 ilaalchisee odeeffannoowwan sirrii ta'an qofa miseensota gareewwaniif dabarsuu (fkn: bilbilaan ta'uu danda'a).

### *Qindoomina Yeroo Walgahiitti*

- Yoo xiqqate tarkaanfii (meetira) lama walirraa fagaatanii taa'uu
- Haguuggii afaani fi funyaanii kaayachuu
- Namni tokko qofa harka qulqulluutiin galmeewwan akka qabu fi barreessu gochuu; tuttuqqaa namootaa hir'isuu.

### *Gahee Qindoominaa*

- Qajeelfamawwan COVID-19 to'achuuf qophaa'an sirriitti hordofuu fi hojiirra oolchuu
- Miseensotni GOG meeshaalee qulqullinaa fi deeggarsawwan addaddaa akka argataniif haala mijeessuu; gareewwanittis beeksisuu
- COVID-19 ilaalchisee odeeffannoowwan sirrii ta'an qofa miseensota gareewwaniif dabarsuu (fkn: bilbilaan ta'uu danda'a)

## Kutaa Afur: Adeemsa Odeeffannoo Waliif Hiruu Garee Ofiin Of-gargaaruu Keessatti

Qaamolee adeemsa GOG keessatti hirmaatan (Koosaap, miseensota Koosaap fi jaarmiyaalee GOG) jidduuttii odeeffannoon COVID-19 ilaallatu raabsamuu (hundaaf kennamuu) qaba.

- Odeeffannoo jaarmiyaaleen dhaaba Koosaap jala jiranii hunda, hojjettoota pirojektii fi haala mijeessitootaa gurmeessuun qabachuu (fkn: maqaa fi lakkoofsa bilbilaa)
- Odeeffannoo barbaachisaa ta'e jaarmiyaalee fi miseensota GOG jidduutti tamsaasuuf maqaa fi lakkoofsa bilbila isaanii qindeessanii qabachuu
- Miidiyaalee addaddaa fayyadamuudhaan qaamolee sochii GOG keessatti hirmaataniif waltajjii muuxannoo wal-jijjiirraa qopheessuu.

Consortium of Self-Help Group Approach Promoters (CoSAP)


OUR ADDRESS

Consortium of Self-Help Group Approach Promoters (CoSAP)

*Lideta Sub City, Woreda 10,*

Behind National Tobacco Enterprise,

P.O.Box 26720-1000; Addis Ababa | Ethiopia

Telephone: +251115525251 | +251(0)118959233;  +251(0)930 014 725

E-mail: consortium.shg@gmail.com


**STAY CONNECTED**

www.shgconsortiumeth.org

@Consortium of Self Help Group approach promoters

@CoSAP_Ethiopia

@CoSAP Ethiopia